DentistLink

POWERED BY ARCORA FOUNDATION

## Namoota Washington keessa jiran hunda tajaajila kunuunsa ilkaaniin wal qunnamsiisa

DentistLink namaa Washington keessa jiru kamif iyyuu kan deeggarsa yaala bilisan riferii gochuuf tajaajiludha, kan inni hundeeffames Fawundeshinii Arcora'tiini, kan kiliiniika Ilkaanii Delta Washington'nis dhaabe jechudha.

Ogeessotni keenya kan sirritti isin keessumeessan jabaatanii ni hojjetu akka isin gargaarsa yaali ilkaanii naannoo keessan keessa argatan gochuuf.

Nuti akka isin kunuunsa ilkaanii barbaachisuu akka isin argatan isin gargaara yoodhumaa Inshuuransii hin qabdan ta'ee iyyuu yookiin yoo inshuuransii qabataniis, kunis Apple Health (Medicaid) ni dabalata.

## Naannoo keessan gargaarsa yaalii ilkaanii argachu feetu? DentistLink isin gargaaru ni danda'a!

### Karaawwan sadii karaa itti DentistLink itti gargaaramu dandeessan

- **Bakka "Find a Dentist (Dooktaraa ilkaanii argadha)"** Jedhu barbaada Sanaa booda waa'ee keessan odeeffannoowwan muraasa fi bakka itti argamtan guutaa Sanaa booda Dooktaraa ilkaanii naannoo keessan jiru ni argatu. Weebsayitii keessan irratti yoomiyu barbaada.

- **Gartuu DentistLink kan isin gargaraniif bilbilaa yookiin ergaa gabaaba erga**
  **Ni jira: Dafinoo – Jimaata | 8am – 5pm | 844.888.5465**
  Kallattiidhaan gartuu keenya waliin wal qunnamu ni dandeessu erga gabaaba erguun yookiin bilbiluun. Akkasumaas wantoota isin barbaachisaan hundaaf odeeffannoo isiniif kennu ni dandeenya, kunis geejibaa dabalate. Gaafa nu waliin haasoftaan namni afaan isiniif hiikuu ni jira.

- **Garaa Weebsayitii keenya deema, formii gabaabaa guutaa, Sanaa booda nuti isin qunnamna.**

## Beellamaa Kiliiniika ilkaanii irratti wantoota akka ta'uuf isin eegu qabdan

Babal'ina COVID-19 hir'isuuf, Bitooteessa 19 irraa eegalee, kiliinikiiwwan ilkaanii Washington keessaa dhimmoota yaalii hatattamaa qofaaf banama turani. Amma, akkuma magaalan keenya balbala saaqachuu eegalee, kiliinikootni ilkaanii seerotaa haaraa baasa jiru infeekshinii to'achuuf jecha.

Jijjiramootni fi ittisni duraa kun isin, maatii keessan, fi hojjeetoota kiliinikaa hundaa nageenya fi fayyumaa isaanii eegufi. Gaaffiiwwan muraasni kan adeemsa gara Kiliinikaa ilkaanii isaa itti anuuf isin gargaaran muraasa.

## Wanti adda maaltu jira amma yeroon deemu

Fayyuuma keessan eeguf jecha, kutaawwan kiliinikichaa guutumaan ni qulqulla'u akkasummas gaaziin ni biifamaa, kunis kutaa eegumsa fi kutaa yaalii dabalateeti. Meeshawwan of eeginsa, kanneen akka Sanitayizarii fi qulqulleesitus ni jiraatu.

Of egganoo dursa bakkoota adda addaati ni argitu kan akka wal irra siqxanii teessaniif isin gargaaru. Kiliinikootni muraasni tarii akka isin duraa kutaa odeeffannooti dursitani bilbiltan isin gochuu danda'uu gaafa isin achi geessan achumanis akka isin makiina keessa teessani eegatan isiniti himu danda'u.

ARCORA

The Foundation of Delta Dental of Washington

Gaafa beellamaaf bilbiltaan, gaaffiiwwan murteesso waa'ee fayyuuma keessan waliin wal qabatu muraasa gaafatamtu fayyuuma keessan mirkaneessu fi beellamaaf isin qopheessuf.

Kiliinikootni ilkaanii tartiiba fayyummaa keessan eeguf adeema jiran isin beeksiisu akka fayyummaan keessan eegamuuf. Gaaffiiwwan dabalata muraasni as jiru maal akka isin mudachu danda'u kan isin hubachiisu.

- Maalin gochuu qaba gaafan bellamaakootiif dhufuu?
- Maaskii uffachuun qaba yookiin meeshaalee eegumsaaf na gargaaran adda bira, kanneen akka giloovii?
- Akkamiin bellamni yaali ilkaanikoo inni kun kan darbee irra adda itti ta'a?
- Eessatin eegu qaba hamma miseensi maatiikoo bellamaa isaa xumuruti?

## Maal jechuudha "dursanii ilaalamu" jechuun beellamaa dura?

Bellamaakee dura, miseensi kiliinikicha gaaffiiwwan muraasa isin gaafata kunis fayyuuma keessanis ta'ee namoota biroo eeguf jechaa. Gaafa beellamaa keessaniif dhuftaan, gaaffiiwwan kana irraa deebi'aanii isin gaafatuu, akkasumaas teempireecharaa keessan ni ilaalu..

### Fakkeenya gaaffiiwwaan dursaa

- Ho'ina qaama qabdu, yookiin isinitti ho'ee jiraa yeroo dhihooti?
- Hargaansu irratti dadhaba jirtu yookiin rakkoo hargansu ni qabdu?
- Qufaa ni qabdu?
- Mallattoowwan akka Utaaloo fakkatu qabdu, kanneen akka sirna bulleessu nyaata waliin wal qabatan, dhukkubii mataa yookiin dadhabii?
- Mallattoo adda bira wanta of irratti arga jirtan qabdu kan nuti beeku qabnu?
- Namaa COVID-19 qabamee waliin walitti dhiheenya yookiin wal tuqii qabdu?
- Umriin keessan waggaa 60 ni caala?
- Dhukkuba onnee, sombaa yookiin kale, dhukkubaa sukkaara, yookiin dhukkuba adda bira ni qabdu?

Yoo gaaffiiwwan armaan olii keessa tokkof illee eyyee jettanii deebistanii ta'ee miseensi kiliniiicha gadi fageenyan waa'ee isaa sirritti isin waliin haasa'a osoo isin gara beellama keessanii hin deemin. Akkumaa yeroo hunda, yoo dhukkubiin isinitti dhaga'ama jira ta'ee fayyuuma keessaniif, kan miseensota keenya fi warra biroofis jecha mana teessani beellamaa keessan yoo yeroo biraati dabarsitan ni filatama.

## Adda bira maaltu akka adeemsa dursanii ittisuuti fudhatama?

Yeroo beellamaa keessani ogeesotni ilkaanii hundumtiyuu maaskii, giloovii harka, fi wantoota akka isaa of eegganiif heyyamameef hunda ni uffatu. Kanneen kutaa duraa yookiin kan deeskii duraa irra ta'anis maaskii ni uffatu akkasumaas/yookiin kan fayyuuma isaanii eegu of duraa ni qabatu.

Akkasumaas miseensotni hundinu harkan wal dubbisu yookiin walitti bu'uu kam irrayuu of ni eegatu dhukkubsataa irraa.

Kanneen tajaajila kana isiniif kennan akka kun naannoo yaalii bifa haaraa ta'ee ni beeku, fi isaan fedhii guutuu qabuu gadi fageenyan isinii wajjin haasa'uu fi gaaffii isin qabdan kamiyuu yeroo bellamaa keessanitti deebisuuf.





### Gaffii qabdu?

Imeeyilii nuuf erga:
DentistLink@ArcoraFoundation.org

Nuu bilbilaa: 844.888.5465

ARCORA
The Foundation of Delta Dental of Washington

DentistLink
POWERED BY ARCORA FOUNDATION

# AKKAMITTIN NAGUMA ILKAANKOO EEGADHA MANATI?

Karaawwan salphaa fi sirritti isin gargaraan ni jiru manati akka isin fayyuuma ilkaan keessani eegatan godhan.



Ilkaan keessan qulqulleesitu ilkaaniin filoorayidiidhaan daqiiqa lamaaf qulqulleessa, ganama yeroo tokko fi galgalaa yeroo tokko.



Shiboo qal'oo fayyadamuun guyyaati si'aa tokko ilkaan keessan qulqulleessa.

Wantoota sukkaara hedduu qabanii fi isinakii (chipsii, karameela) ilkaaniiti qabatan irra of qusadha.





Bishaan dhugaa guyyaa keessatti wantoota akka sukkaara ilkaan keessanitti qabachu danda'an ilkaan keessan irra ittisuuf.

**IYoo dhukkubii kamiyuu, dhitaa'u, yookiin ilkaan cabee qabatan, beellamaaf hin eegina. Bilbilaa yookiin erga gabaaba erga gara DentistLink'ti kara 844-888-5465 yaalii hatattama argachuuf.**

ARCORA
The Foundation of Delta Dental of Washington